**MANA MURTII OI'AANAA MAGAALAA ADAAMAA**
**የአዳማ ከተማ ከፍተኛ ፍርድ ቤት**
**Dhaddacha Hariiro Hawasaa**

Fuula. 7
Lakk.galmee. 46468
Guyyaa:- 24/01/2017

AJAJA.

1. Iyyataani akkataa labsii bulchiinsaa taaksii mootummaa naannoo oromiyaa lakk:- 203/2009 kew. 59 (2) ttiin guyyaa murtiin kennamee kasee guyyaa sodomaa (30) keesatii oliyyannoo akka dhiyeefatuu hayyamameef jira.
2. Baasii fi kisaara bitaa fi mirgii walii yaa danda'aan .
3. Galmeen cufamee mana galmeetii deebi'ee jira.

Manni murtii kunis iyyannoo iyyataani dhiyeese seeraa rogumaa qabu waajjiin wal biraa qabe akka armaan gaditti qoratee jira. iyyannoo iyyataani dhiyeese irraa akkumaa hubatamuu boordiin murtii kan murteese guyyaa 12/10/2016 yoo ta'uu iyyataani murtii boordii irratti komii dhiyeesuf xalayaadhan murtii nuu gahuu osoo qabu murtii boordii bilbilaan qofaa kan nuu beeksisaani waan ta'eef hangaa murtiin boordiin guyyaa 12/10/2016 kennamee chaappaan rukutamee nuuf kennamutii yeroon oliyyannoo nuu jalaa darbaa waan ta'eef yeroon oliyyataa dhiyeefanuu akka nuuf kennamuu jechuun kan iyyataani yoo ta'uu akkataa labsii bulchiinsaa taaksii mootummaa naannoo oromiyaa lakk:- 203/2009 kew. 57 (5) ttiin Abbaan Taayitichaa murtii komii irratti kenne kaffalaa taaksichaatiif barreefamaan beeksissuu qabu tumamee jira. Iyyannoo iyyataani dhiyeese irraa akkumaa hubatamuu murtii komii irratti kennamee iyyataa kan beeksifamee bilbilaan waan ta'eef murtii murta'ee irratti yeroo gababaa keesatii komii isaani qopheesani qaama oliyyannoo ilaalluuf dhiyeesuf kan isaani rakkisuu ta'uu beekamaadha. Kan mallees murtiin chappaa abbaa Taayitichaa ittii rukutamee iyyataaf kan hin kennamee yoo ta'ee hangaa murtii murta'ee fudhataani chaappaa ittii rukkuchisaani qaama dhimmii ilallaatuu dhiyeesanitti yeroo kan fudhatuu waan ta'eef kan mallees namni tokko mirgaa dhagahamuu akkasummaas murtii irratti murta'ee addaan baasee beeku qaba kun ta'ee bakka jirutii deebii kenani murtii iyyataa amma irratti murta'ee barreefamni addaan baase wanti kennef waan hin jiref iyyataani murtii kan fudhachuuf barbadee yeroo fudhachuu akka danda'uu beekamadha. labsii bulchiinsaa taaksii mootummaa naannoo oromiyaa lakk:- 203/2009 kew. 59 (1) irraa akkumaa hubatamuu namni oliyyannoo taaksii boordichaaf dhiyaatee irratti falmachaa turee murtii boordichii kenne kan komatee yoo ta'ee beeksifni murtii boordichaa qaqqabee guyyoota sodomaa (30) keessatti beeksissaa murtichaa mana murtii ol'aanaatiif dhiyeesu akka danda'uu tumamee jira. Dhimmaa ilallaa jirun wal qabatee sababa deebii kenan murtii barreefamaan iyyataa yeroon hin beeksifinef iyyataani oliyyannoo dangaa yeroo oliyyannoo guyyaa sodomaa (30) keesatii ni dhiyeefataa jedhamee waan hin yaadamneef . kan mallees waamaan xalayaa lakk:- WGBMA/434/16 guyyaa 25/11/2016 barraheen yeroon oliyyannoo iyyataaf yoo dheerateef mormii hin qabnu jedhani jiru. Kanaaf akkataa labsii bulchiinsaa taaksii mootummaa naannoo oromiyaa lakk:- 203/2009 kew. 59 (2) ttiin guyyaa murtiin kennamee kasee guyyaa sodomaa (30) keesatii oliyyannoo isaa akka dhiyeefatuu sagalee gutuun jal-murtii keninee jira.

A/Murtii:- Taarikuu Aduunyaa

Naa'ol Asaffaa

Asfaaw Ayyanaa

Iyyataan :- Waldaa Dhunfaa Daldalaa Qinxaaboo Dhugaatti Alikoolii SAZE ittii G/Isaa Murtahee.

Abuukaatoo, Badhaasoo Saafawaoo , dhiyatee

Waamamaan:- Waajjiraa Galii Kutaa Magaalaa Daabee

Bakk Buttuu:- Addee Ballaxach Gadaa , dhiyatee

Galmeen qoratamee Jal-murtii kennamee jira.

Jal-murtii

Jal-murtii kanaaf ka'umsaa kan ta'ee Abuukaatooni iyyataa iyyannoo guyyaa 02/11/2016 barraheen murtee galii gibiraa waajjira galii kutaa magaalaa daabee fi boordiin gibiraa bara 2002 hangaa bara 2014 jiru iyyataa irratti xalayaa lakkoofsaa W/G/K/M/D/07059 guyyaa 14/05/2016 fi murtii boordii guyyaa 12/10/2016 murtii kenneera. Haa ta'uu malee akkaataa seeraatiin murtiin boordii xalayaan nuu gahuu osoo qabu waamamaan nuu hin geessinee geessuu haa dhabuu malee bilbilaan qofa murtii boordii fi koree nuu beeksiiseeraa . Akkataa labsitti murtiin boordiin kenne xalayaa fi chaappan iyyataa gahuu osoo qabu nuu hin geenye . waamamaan murtii kana xalayaan osoo nuuf hin keninee gibiraa kana kaffalaa nuun jechuu hin qabu . nutiis komii qabnu akkataa seeraa gibiraatiin qaama ilaalluuf labsiin ta'eef akka hin dhiyeeffannee murtiin boordii chaappaan rukutamee nu hin geenyee hangaa murtiin boordiin guyyaa 12/10/2016 ttii keennee chaappaan rukutamee nuuf kennamutti yeroon oliyyataa akkaataa adeemsaa seeraa galii gibiraatiin akka nuuf hayyamamuu. murtiin boordii guyyaa 12/10/2016 ttii kenne chaappaan rukutamee hangaa nuuf kennamutii yeroon oliyyataa dhiyyeeffannuu bu'uura labsii lakkoofsaa . 203 /2009 kew. 59 (2) akka nuuf hayyamamuu akka nuuf murta'uu jechuun iyyannoo waan dhiyeesef.

Manni murtii kunis iyyannoo dhiyatee irratti wamamaan deebii akka kennu wamichaa wamamaaf tasissee ogeessii seeraa waamamaa deebii xalayaa lakk:- WGBMA/434/16 guyyaa 25/11/2016 barraheen waajjirii galii kutaa magaalaa daabee yeroo oliyyataa yoo dheeraateef mormii kan hin qane ta'uu ibsaani jiru.

A/murtii.....Taarikuu Addunyaa

Kabbadaa Tasammaa

Darajjee Faantaa

Iyyataan......Waldaa dhunfaa daldalaa Qinxaaboo dhugaatti Alikoolii SAZe itti G/isaa murtahee Abuk/Obbo Badhaasoo Saafawoo dhiyate.

Waamamaan......Waajjira galii kutaa magaalaa Daabee B/buttuun Addee Ballaxach Gadaa dhiyatte.

Galmeen kan bulee bu'aa ajaja eegudhaaf yoo tahuu,bakka butuun waamamaa deebii guyyaa 25/11/2016tti barreessee dhiyestee fuula 01 galmeedhaan wal-qabateera.waraabbii isaas abukaatoo iyyataaf gaheera.kanaaf ajajiin armaan gadii kennameera.

**AJAJA**

- Galmee qorachudhaaf guyyaa 24/01/2017tti sa'atti 8:30tti beellamameera.

Abbootii Seeraa: Naa'ol Asaffaa

Kadiir Waayyuu

Addisuu Dassee

Iyyataan: Waldaa Dhuunfaa Daldala Qinxaaboo Dhugaatii Alkoolii SAZE I/G/Murtaa'e

Abuk.Badhaasoo Saafaawoo - dhiyaate

Waamamaan: Waajjira Galii Kutaa Magaalaa Daabee – hin dhiyaanne

Galmeen har'aaf kan bu;e deebii waamamaa eeguuf ta'ee waamamaas ta'e deebiin hin dhiyaanne. Iyyataan ammoo waamicha qaqqabsiiseera jechuun ajaja mana murtii irratti maqaa, mallatoo fi guyyaa kan qabu dhiyeessee chaappaa itti nuuf gochuu nu didan jedheera. Haa ta'u malee waamamaan waajjira mootummaa hanga ta'etti waamichi qaqqabuu isaa chaappaa waajjiraan deeggaramee waan hin dhiyaanneef, chaappaa gochuu diduu isaaniis kakuun kan dhiyaate waan hin taaneef waamichi qaqqabeera jechuun hin danda'amne. Kanaaf ajaja gadii kennineerra.

**<u>Ajaja</u>**

1. Waamichi irra deebi'amee Waamamaatiif barreeffamee iyyataan waamicha itti gaafatamaa waajjiraan qaqqabsiisuun nagaheeraa chaappaa mallattoo qabu beellamatti akka dhiyeessu, waamamaanis deebii isaa qabatee akka dhiyaatu jedhameera.
2. Deebii eeguuf gaafa 25/11/2016 WD sa'aatii 5:00.

Abbootii Seeraa: Naa'ol Asaffaa

Kadiir Waayyuu

Addisuu Dassee

Iyyataan: Waldaa Dhuunfaa Daldala Qinxaaboo Dhugaatii Alkoolii SAZE I/G/Murtaa'e

Abuk.Badhaasoo Saafaawoo - dhiyaate

Waamamaan: Waajjira Galii Kutaa Magaalaa Daabee – hin yaamamne

Galmeen beellamaan dursee dhaddachaaf kan dhiyaate sababa iyyataan iyyata kakuu gaafa 2/11/2016 barreeffame fuula tokko dhiyeessuun murtii koree gibiraa raawwadhu jedhamee bilbilaan akeekkachiifamee waanan jiruuf, hanga iyyanni kun furmaata argatutti raawwiin murtii gibiraa akka naaf dhorkamu jechuun gaafateen ta'ee nutis iyyata dhiyaate galmee qabsiisuun ajaja asiin gadii kennineerra.

Ajaja

1. Murtii Boordii Ol-iyyannoo Gibiraa Kutaa Magaalaa Daabee gaafa 12/10/2016 kenname irratti raawwiin Waajira waamamaa kanatti eegalamee jiru hanga iyyanni kun fala argatee ajajni biroon kennamutti akka hin raawwatamne dhorkamee akka turu ajajameera. Waajjira Waamamaatti yaa barreeffamu.
2. Beellamani kanaan dura kenname hin jijjiiramne.

Fuula 01

Lakko.galmee 46468

Guyyaa 08/11/2016

**Of/Seeraa Damee Kabbadaa**

Iyyataan Waldaa Dhuunfaa Daldalaa Qinxaboo Dhugaatii Alkoolii SAZE I/G/Muurtaa'e

Waamamaan Waajjira Galii Kutaa Mag/Daabee

Galmeen kun banamee dhaddachaaf dhihaachu kan danda'eef iyyataan iyyata gaafa02/11/2016 barreffamee dhiyyate fuula 01 ibsa raga 01 raga adda addaa 12 waliigala fuula 14 dhiyyate kaffaltii A/Seeruumaa qarshii 1500.00 (kuma tokkof dhibba shan) fi kan teembiraa fi qalaaxee qarshii 100.00 ( dhibba tokko ) waliigala qarshii **1,600.00** **(kuma tokkof dhibba jaha )** lakko.nagahee 0405595 ta'e irraati kaffalee iyyani kun ulaagaa teeknikaa kan guute ta'uun isaa erga mirkanaa'een booda galmeen banamee dhaddachaaf dhihaateera .

## Ajaja

Xaalayaan waamichaa iyyata iyyatan dhiyyeesee waliin waamamaa gahee waamamaan gaafa 18/11/2016 sa'aa 4:00 irrati dhiyyate deebii akka itti kennan ajajni haa barreeffamu.